

## Renting in Seattle


# KIREEFFATAA TA'UU

Kireeffachuun waan xaxamaa ta'uu ni danda'a akkasumas siif waa'ee mirgaa fi dirqama kireeffataa waanti beekamuu qabu waan baay'eetu jira. Barruun kun qajeelfama waa'ee gaaffiiwwan suphaa, wantoota guutamuu qabanii, daballii gatii manaa, fi hubachiisawwan kanneen biroo kireessaa manichaa irraa ati argachuu qabduu qabatee jira.

[www.seattle.gov/rentinginseattle](http://www.seattle.gov/rentinginseattle)  
daawwadhu. yookaan **Lakkoofsa kanaan (206) 684-5700 Renting in Seattle Helpline (Toora-gargaarsaa Seattle keessatti Kireeffachuu) 'tti bilbili.**



*Ganama kana naguma ture, garuu yeroon manatti deebi'u ni dhimmisa ture...*



## Gaaffannoowwan Suphaa

- Yeroo suphuun barbaachisu hatattamaan abbaa qabeenyichaa beeksisi. Ta'iiwwan muraasa keessatti, suphi akka babaachisu otoo hin gabaasiin hafuun miidhaa fi gatiiwwan suphaaf itti gaaffatamaa si taasisuu ni darnda'a. Boombaawwan bishaanii dhimmisanii fi manneen fincaaniitti bishaan walitti fufinsaan kan yaa'u kaffaltii bishaanii haalaan dhiibbaa irratti geessisuu ni danda'a. Abbichi qabeenyaa ati itti gaaffatamaadha jedhee si falmuu ni danda'a kunis hatattamaan yoo ati hin gabaasne ta'e.
- Gaaffii suphaa barreeffamaan dhiyeessuu qabda. Abbaan qabeenyichaa haala suphichaa irratti hundaa'uun yeroo murtaa'etti deebii kennuu qaba.
- Yoo abbaan qabeenyichaa callise Renting in Seattle Helpline 'tti bilbili. Qorataan qorannoodhaaf yeroo ni saganteeffata akkasumas abbaan qabeenyichaa kee sun seera cabse kamiyyu akka sirreesu ni gaaffata.
- Dursitee walii galtee barreeffamaa abbicha qabeenyaa waliin hin qabdu yoo ta'e, sababii suphawwanii kaffaltii kiraa mana kennuu dhiisuun yookaan baasii suphawwanii irraa hir'isuun akka manicha gadhiistu si taasisuu ni danda'a.

## Seensa Abbaa qabeenyaa

- Abbaan qabeenyaa sababa tokko tokkoof kutaa ati keessa jiraattu seenuu danda'akunis dursanii beeksisuudhaan.
- **Abbichi qabeenyaa** kutaa kireeffamu nama kireeffachuu malutti, nama bitutti yookaan immoo kontiraakteratti tilmaamaaf agarsiisuuf Guyyaa 1 barbaachisa.
- **Abbichi qabeenyaa** suphaawwan yookiin haaromsawwan barbaachisu yookiin kan walii galame gochuudhaaf Guyyaa 2 barbaada.
- Sababa dhugaa ta'e kan akka walitti bu'insa sagantaa yoo qabaatte, namni akka hin seenne dhorkuu ni dandeessa garuu guyyoota fi yeroowwan kanneen biroo akka filannootti kennuu kee mirkaneessi.
- Ati fi abbaan qabeenyichaa kutaa sana seenuurratti sababa quubsaa akka qabaattan seerri sinirraa barbaada.
- Gaaffii abbaan qabeenyichaa seenuuf si gaaffatu ilaalchisee waliigaluudhaaf carraaqqiiwwan kee barreessi. Akka abbaan qabeenyichaa hin seenne diduu yoo itti fufte, Beeksisni Guyyaa- 10 sitti ergamuu danda'a kunis akka Waliif-galtuuf yookiin akka Manicha gadhiistuuf.
- Abbichi qabeenyaa beeksisaa fi eeyyama malee mana kee seenuu ni danda'a kunis yeroo balaan hatattamaa jiru, kanneen akka abiddaa yookiin dhimmuu ol-aanaa.



# Dabalinsa kaffaltii Mana-jireenyaa

Kaffaltiin mana-jireenyaa kan dabalatu kiraa manaa, gatii lafa dhaabbii konkolaataa/kuusaa yookiin mana-jireenyaa keetiin wal qabatee gatii waantoota irra-deebi'inaan ta'anii hunda fa'i.

- Seattle keessatti, gatiin mana-jireenyaa 10% yookiin isa ol dabaluuftu guyyaa 60 dura barreeffamaan beeksisuu barbaachisa. 10% gadi dabaluuftu guyyaa 30 dura barreeffamaan beeksisuu barbaachisa.
- Hubachiifni waa'ee mirgawwan kireeffataa dabalachuu qabu akkasumas ulaagaawwan qajeelchawwan Magaalaa fi mootummaa naannoo guutuu qabu.
- Haallan kutaa manichaa kan sadarkaawwan bu'uuraa tarreeffama [www.seattle.gov/rrio](http://www.seattle.gov/rrio) irra jiru waliin wal hin gitu yoo ta'e, otuu daballiin gatii hojiirra hin ooliin dura abbaan qabeenyichaa rakkoo sana furuu qaba.
- Otuu daballiin hojiirra hin ooliin dura, waa'ee dhimmichaa barreeffamaan abbaa qabeenyichaa beeksisuu qabda. Magaalichi dhimmicha yookaan/fi suphicha mirkaneessuudhaaf ni qorata. Qorannoodhaaf sagantaa qabachuuf Renting in Seattle Helpline 'tti bilbili.



## Beeksisawwan Bebbekamoo kaan

Yeroo kireessaa kee irraa beeksisa fudhattu xiyyeeffannoodhaan caqasi. Tarii waan yeroo ta'uu mala akkasumas waan odeeffannoo barbaachisaa ta'e qabaachuu mala. Abbaan qabeenyichaa hubachiisa sana sibiraan ga'uu yaaluu qaba, yoo ati hin jirtu ta'e immoo akka mullachuu danda'utti balbala kee irratti maxxansuu akkasumas poostaa sadarkaa tokkoffaan xalayaa siif erguu qaba.

- **Jijjiirama Walii-galtee Kiraatiif Hubachiisa Guyyaa 30:** Yeroo ji'aa ji'atti kireeffattu, hubachiisa guyyaa 30 'n dursuun abbaan qabeenyichaa himoota walii-galtee kiraa jijjiiruu ni danda'a. Hubachiifni sun yeroo kiraa isa dhuma waliin wal-fakkaachuu qaba.
- **Guyyaa 10tti Walii-galuu yookaan Gadhiisuu:** Hubachiifni kun cabinsawwan walii galtee kireeffannaa keetiifidhai. Fakkeenyonni beekamoon kan dabalachuu malan yeroo callisuutti sagalee ol-ka'aa yookaan gamoo tamboon keessatti hin xuuxamnetti tamboo xuuxuudha. Yoo waliigaluu didde, manaa baafamuu illee ni dandeessa. Dhugaawwan hubachiisa sanaa yoo mormite, barreeffamaan deebii kennuun barbaachisaadha.
- **Guyyaa 3tti kaffaluu yookaan Gadhiisuu:** Beeksisi Kuni tursanii kaffaluu irrattidha. Hubachiifni erga si qaqqabee guyyaa sadii keessatti kaffaluu qabda yookaan carraan ari'amu si muudachuu ni danda'a. Yeroodhaan kaffaluu akka hin dandeenye yoo yaadde, abbaa qabeenyichaatti dursitee beeksisuun gaariidha. Keessumattuu yeroo hunda yeroodhaan kaffalta yoo ta'eef, abbaan qabeenyichaa sun irra siif darbuu ni danda'a ta'a (waadaawwan gargaarsa kiraa armaan gaditti ilaali).
- **Hubachiisa addaan kutuu:** Akka mana gadhiiftuuf abbaa qabeenyichaa irraa beeksisni yoo si qaqqabe, [www.seattle.gov/rentinginseattle](http://www.seattle.gov/rentinginseattle) ilaali yookaan, Kireeffannaa Seattle keessatti Barruu Mana-gadhiisuu caqasi (waadaawwan gargaarsa kiraa armaan gaditti caqasi).

Waa'ee beeksisa sitti kennamee hubachuuf gargaarsa yoo feete yookaan gorsa seeraaf ergamuu yoo barbaadde, Renting in Seattle Helpline qunnamu.

## Waadaawwan Gargaarsa Kiraa

Deggarsa Kiraaf gargaarsa yoo barbaadde 211 Community Information Line (Toora Odeeffannoo Hawaasaa 211) irratti bilbili kunis tarreeffama dhaabbilee si gargaaruu danda'aniif.

Beeksisni guyyaa 3 gidduutti akka kaffaltuuf yookaan akka gadhiiftuuf yoo si qaqqabe akkasumas gargaarsa qaama sadaffaa irraa gargaarsa qarshii argachuutti, abbaan qabeenyichaa sun waadaa kaffaltii barreeffamaan fudhachuu qaba. Qaamni sadaffaan sun waldaa amantaa, dhaabbata bu'aaf hin dhaabbanne yookaan immoo nama dhuunfaa ta'uu ni danda'a.

- Waadaan sun barreeffamaan ta'uu qaba.
- Yeroon beeksisa guyyaa 3 otoo hin dhumiin fudhatamuu qaba.
- Qaamni sadaffaan sun guyyaa shan gidduutti waadicha kaffaluu danda'uu qaba.
- Kaffaltiin sun qophaasaa yookiin baajatawwan kanneen biroo waliin walitti dabalamuun hanga yeroo barbaachiseetti ga'aa ta'uu qaba.



Yeroo irratti kan hundaa'e



## Qubsumaa fi Jijjiirama Barbaachisaa

Yoo qaama hir'ina qabaatte, qubsumaa fi jijjiirama barbaachisaaf gaaffachuu ni dandeessa.

- Hammatamuu danda'insi jijjiirama seerawwanii fi gochaawwanii kanneen akka addummaan seera iddoo konkolaataa dhaabbachiisuu yoo kutaa ati itti galto irraa fagoo ta'e akka qubsumicha siif jijjiiraniif gaafachuu ta'a, qaama-hir'ummaan kee sochii kee irratti dhiibbaa kan qabu yoo ta'e.
- Jijjiiramni immoo seensa kan fooyyeesu jijjiirraa qaama waliin kan wal qabatudha, kunis kanneen akka qabannoo qabatamuu yookiin karaa wilcheriin irra deemuu danda'u fa'idha. Yoo abbaan qabeenyichaa mootummaa federaalaa irraa baajata kan argatu ta'e malee baasichaaf situ itti gaaffatama.

## Nageenyawwan kireeffataa

- Waan ati mirgakee gaafatteef, waa'ee qoqqooddaa, mana-jireenyaa kee fi waa'ee abbaa qabeenyaa kee komii waan kaafteef abbaan qabeenyaa ijaa siba'uuf yaaluun seeraan aladha. Gatii kiraa manaa dabaluu, tajaajilawwan hir'isuun, yookaan mana keessaa akka baatu sidhiibuun gochaalee ija ba'umsaati.
- Kireeffattootni kireeffattoota warra kaanii wajjiin tahuudhaan walga'ii qabaachuu, barruulee rabsuu yookiin dhimma kiraa irratti mariyachuuf kireeffattoota gamicha keessaa waliin walitti dhufeenya qindeessuuf mirga qabu.
- Abbaan qabeenyichaa cuftuwwan manaa jijjiiruun, tajaajilawwan cufuun, balbalaawwan /foddaawwan, meeshaawwan yookiin dhaabbiwwan irraa buqqisuun gonkumaa dhorkaadha.



**City of Seattle**

Seattle.gov/rentinginseattle  
Toora -gargaarsaa (206) 684-5700



Seattle hammatamummaa fi haqummaatti amanti. Asitti baqattoonnii fi koolu-galtoonni ni simatamu. Hojjetootni magaalaa haala lammummaa hin gaafatan akkasumas sadarkaa jireenyaa isaanii malee jiraattoota hunda tajaajilu.

Ati yoo qaama hir'uu taate akkasumas filannoo haala kan biraatiin odeeffannoo nurraa fudhachuu yoo barbaadde maaloo toora-gargaarsaa keenyatti bilbili. Toorri TTY keenyaa kana (206) 233-7156.

**Turjumaanni yeroo hunda ni argama. Dookumenttiin kun afaanota armaan gadiitiin ni jira:**

English • Español • Oromiffa • Af Somaali • አማርኛ • ቋንቋ ስሙን • 中文 • 한국어 • ພາສາລາວ • русский язык • ກາສາໄທຍ • ភាសាខ្មែរ • Tiếng Việt

